# Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sujuuda lameen gidduutti akkana jedhu ture: «Allaahummaghfir lii, warhamnii, wa Aafinii, wahdinii, warzuqnii

Ibnu Abbaas irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan lameen irraa haa jaallatu-: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sujuuda lameen gidduutti akkana jedhu ture: «Allaahummaghfir lii, warhamnii, wa Aafinii, wahdinii, warzuqnii».
[ragaalee isaatiin hasani] [abuu daawud, tirmizii, ibnumaajah fii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sujuuda lameen gidduutti kadhannaa shanan kan muslimni akka jabaatti itti haajamu kanaan kadhatu turani, toltuu duuniyaaf Aakhiraa kan waliitti qabatteedha, araarama gaafachuu, badii sattaruu fi isa irra darbuu gaafachuu, rahmata woliin ga'uu, fedhiiwwan, waan namatti wol fakkaatan, dhukkuboowwanii fi laalaawwan irraa nagaa ta'uu gaafachuu, qajeeluma Rabbiin gaafachuu fi isa irratti ragga'uu fi iimaana, beekumsa, hojii gaarii fi qabeenya halaalaa bareedaa akka isaaf kennu gaafachuu irraa.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/10930

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee